

KAAYYOO DHAABA KONKOLAATAA MAGAALAA KOLUMBIYAA GAAFILEE BAAY'INAAN GAAFATAMAN - NAANNOO DHAABA KONKOLAATAA MURTA'AA (RESTRICTED PRKING ZONE)

NAANNOO DHAABA KONKOLAATAA MURTA'AA (RESTRICTED PRKING ZONE) (RPZ) MAALI?

RPZn kan uumame rakkina dhiphina iddoo dhaaba konkolaata naannoole jirenyaa keessa jiru salphisuu fi fedhii ummani hundi karaa irratti konkolaataa dhaabuu dandeessisuuf. Magaalaa Kolumbiyaa keessa, RPZ 29 nannolee dhaaba babura salphaa irratti bara 2009 dhaabbate. Naannoleen RPZ kibba-baha magaalaa Seattle keessatti, SDOTn daldaaltootaaf eeyyama hojjattoota isaniitiif dhiyesse jira.

NAANNOO DHAABA KONKOLAATAA MURTA'AA (RPZ) AKKAMITTI HOJJATA?

- RPZ 29 Wiixataa - Jimaataa ganama sa'aa 7 hanga galagala sa'aa 6 tti warri eeyyama qaban sa'aatii 2 ol konkolaataa akka dhaaban taassisa. Bilookiwwan xiqqoon sa'aa 4 tis jiru.
- Jiraattonni naanno RPZ jiran hunduu, jiraattota bilookilee mallattoo RPZ dabalatee, eeyyama RPZtiif filatama qabu. Yeroo ammaa baay'ina konkolaataa tessoosaniin galmaa'an irratti hundaa'udhaan eeyyama hanga afurii argachuu danda'u. Eeyyama keessummaa tokko bitachuus ni dandeessa.
- Daldaltoonni RPZ keessa jiran hunduu hojjattootaaf eeyyama bituu ni danda'u.
- Eeyyamni RPZ bilookiwwan mallatto RPZ 29 keessa jiraniif murtaa'ina yeroo irraa miliqsa. Bilookiwwan kaawwan keessa, warri eeyyama qaban daangeffama maxxanfame irratti hundaa'udhaan murtaa'ina yerootiif fi kafaltiif dirqama qabu.

JIJJIIRAMNI AKEEKAME MAALI?

Kaayyoon kun RPZ 29 gara bahaa Ave S 42ffaa fi kibbaa S Dawson St. babal'isa. Naannolee RPZ babal'issuf akeekame fi naannolee RPZ amma jiran ilaaluuf kaartaa fuula itti aanu irra jiru ilaali.

MAALIIF ZONNII 29 BAL'ISUUN BARBAADAME, MAALIIF NANNOO SANITTI GODHAME?

- Qorannaa fi qunnamtii biraa, gaafiiwwan isin irraa dhageenyee keessa tokko naannolee RPZ amma jiran babal'isuu kan jedhu dha. Dhaabbii guyya guutuu ture warra eeyyama qabaniif qofa murteessudhaan konkolaattota eeyyama hin qabne guyyoota hojii torbaani sa'aa lamaa ol akka hin dhaabne godhuudhaan iddo dhaaba konkolaataa baa'isa.
- Seattle Municipal Code akkamittii fi eessatti RPZ akka babal'isuu dandeenu gorsa qaba. SDOT qo'anoolee baay'ee naannoo dhaaba konkolaataa irratti godhamanii bilookii kam irratti akka dhiphina jiru raggaasan fi RPZ babal'isuuf faayidaa kennan xumure jira.



EYYAMNI KUNI QARSHII KAFFALCHIISAA?

- Eeyyamoorni jiran wagaa lamaaf \$65, jiraattota galii xinnaatiif ammo \$10.
- Seera magaalatiin, kaffaltiin eeyyama baasii bulchiinsa sagantaatiif oola. Sagantichi magaalaa guutuu keessa waan hintaanee fi baay'inaan RPZn kan dhaabbatu gaafidhaan waan ta'eef, baasiin RPZ jiraattota nanno RPZ fi bittaa eeyyamaatiin kaffalama.

ODEEFFANOO DABALATA AKKAMITTIIN ARGACHUU DANDA'A?

- RPZ irratti odeeffanoo dabalataa argachuuf, www.seattle.gov/transportation/parking/parkingrpz.htm ilaali
- Magaalaa Kolumbiyaa keessa Hojiiilee keenya irratti odeeffanoo dabalataa argachuuf, www.seattle.gov/transportation/parking/cp_ColumbiaCity.htm ilaali

YAADA KENNUU YKN GAAFII GAFACHUU AKKAMITTIIN DANDA'A?

- Qu'anoowaan keenyaaf deebii kennuuf hanga Gurrandhala 20, 2017 www.surveymonkey.com/r/SDOTCC
- Nu qunnamuuf: Columbiacityparking@seattle.gov or 206-733-9026



ITTI ANSEE HOO MAALTU DHUFA?

- SDOTn kaayoo dhumaa jijjiirama naanoo dhaaba konkolaataa Ebla 2017 baasuuf akeekkte.
- Jijjiiramni RPZ kamiyyuu godhamuun dura, jijjiirama RPZ godhamu irratti yaada dabalataa argachuuf dhagahiin ummataa ni godhama. Kunis Caamsaa ykn Waxabajjii 2017 keessa ta'u mala.
- Erga xumuramee booda, jiraattotaa fi daldaltoota bilookii naanno RPZ babal'atu jiraniif odeeffannoon dabalata ni ergama.

